Gaafilee armaan gadii erga sirritti dubbisteen boodaa deebii sirriidha jettu filachuun bakka deebii siif kenname irratti deebis.

1. Sagalee tokko yeroo akkkeessinu karaa meeqaan akkeessuu dandeenya?
   A. Sadi
   B. Lama
   C. Afur
   D. Shan
2. Meeshaalee Muuziqaa aadaa armaan gadiii keessaa kan Oromiyaa keessatti **hin** beekamne isa kam?
   A. Ululllee
   B. Faaggaa
   C. Malakaata
   D. Xurumbaa
3. Meeshaalee Muuziqaa armaan gadii keessaa haala ramaddii isaatiin adda kan ta'e isa kam?
   A. Dibbee
   B. Kabalaa
   C. Xiimboo
   D. Marakaasha
4. Kanneen armaan gadii keessaa tokko faayidaa akkeessuu **hin** agarsiisu.
   A. Uumama sagalee beekuuf
   B. Dandeettii riitimii lakkaa'uu cimsachuuf
   C. Wantoota naannoo keenyaa dinqisiifachuuf
   D. Waan haaraa hojjachuu dhiisuuf.
5. Faarfachuun barachuun xiyyeeffannaan guddaan kan kennamuuf irra caalaa mala kam keessatti?
   A. Mala Koodaalii
   B. Mala Suuzukii
   C. Mala Kaarli Oorfi
   D. Mala Daalkiroozi

6. **Yaada rime barachuu** ilaalchisee inni dhugaa ta'e kam?

   A. Barachuun galma xumura irratti bira gahamuudha.

   B. Barachuun jijjirama amalaa yeroo gabaabaa turuu dha.

   C. Barachuun jijjirama amalaa yaad qalbii gaarii dagaagsu.

   D. Barachuun adeemsa si'ataa hin hammatu.

7. Kanneen armaan gadii keessaa gochaalee riitimii muuziqaatiin kan wal **hin qabannee** isa kam?

   A. Meeshaa muuziqaa taphachuu

   B. Faarfachuu

   C. Haasawa namaa

   D. Deebiin hin kennamne

8. Meeshaalee armaan gadii keessaa kiraara hojjachuuf kan barbaachisaa **hin** ta'in isa kam/

   A. Muka

   B. Riibuu (funyoo)

   C. Konborsaatoo

   D. Huccuu

9. Haala qoqqoodiinsa riitimii nootaalee muuziqaa (Movable-do-sofege) jeadhamu hojiirra kan oolu mala kam keessatti?

   A. Mala Daalkirooz

   B. Mala koodaalii

   C. Mala Suuzukii

   D. Mala Kaarli Oorfi

10. Qabiyyee barsiifnu tokko haala salphaa ta'een sammuu barattootaa keessa akka seenu kan nu gargaaru_____dha.

    A. Kaayyoo gooree

    B. Meeshaalee barnootaa

    C. Mala baruu barsiisuu

    D. Taa'umsa barattootaa

11. Mala baruu barsiisuu barataa giddugaleeffatte irratti gahee b/saa kan **hin** ta'in isa kam?

    A. Mata duree qopheessuun barattootaaf kennuu.

    B. Haala taa'umsa daree barattootaaf mijeessuu.

    C. Qabiyyee sana mala odibsa boqataatiin barsiisuu.

    D. Barattoota karooraan akka deeman karaa itti agarsiisuu.

12. Akkeessuun wal qabatee isa kamtu sirrii dha?

    A. Sagalee uumamaafi nam-tolchees akkeessuun ni danda'ama.

    B. Akkaataa deemsaafi sagalee xiyyaaraa akkeessuun ni danda'ama.

    C. Sagaleedhaan malee gochaan waan tokko akkeessuun hin danda'amu.

    D. Waan duraan hin jirre tokko kalaquun hojitti hiikuu.

13. Meeshaalee muuziqaa aadaa armaan gadii keessaa tokko meeshaa muuziqaa hafuuraa **miti**.

    A. Erbee

    B. Kiraara

    C. Baganaa

    D. Deebiin hin kennamne.

14. Akka warra Giriikotaatti hiikni jecha **riitimii** ykn **"Rhythmos"** jedhu maalii dha?

    A. Sochiiwwan Ariitii olaanaa qabaniin kan uumamee dha.

    B. Sochiiwwan haala isaa eeggatee uumamuu dha

    C. Sochiiwwan jijjiiramaan uumamuu dha.

    D. Hunduu deebii ni ta'a.

15. Meeshaalee Muuziqaa aadaa armaan gadii keessaa bakka dhooftuun hin jirretti harka keenyaan rukunnee taphachuu kan **hin** dandeenye isa kam?

    A. Dibbee

    B. Kiraara

    C. Baganaa

    D. Masiinqoo

16. Meeshaalee armaan gaditti eeraman keessaa hojii **ululleeti**if kan barbaachisu eenyu?

A. Shambaqqoo

B. Komborsaatoo

C. Riibuu sagalee

D. Dhooftuu

17. Kanneen armaan gadii keessaa tokko meeshaa muuziqaa aadaa rukuttaatii miti.

A. Marakaasha

B. Kabalaa

C. Ulee rukuttaa

D. Deebiin hin kennamne

18. Bu'aan walitti dhufeenya naannoo, muuxannoofi banrnootaa _____dha.

A. Kaayyoo barnootaa

B. Qabiyee

C. Mala baruu barsiisuu

D. Deebiin hin kennamne

19. Faayidaan faaruudhaan naannoo ofii dinqisiifachuu maal?

A. Dandeettii qaban baasanii itti fayyadamuuf

B. Miidhagina naannoo faaruudhaan ibsuuf.

C. Faayidaa bineensotafibosonaa ibsuuf

D. Hunduu deebii dha.

20. Kaadhimamtoonni barsiisootaa boqonnaa kana **<u>erga baratanii xumuranii booda</u>** maalummaa barnoota muuziqaa ni beeku.kan jala **sararame** maal nutti agarsiisa?

A. Qabiyyee barnootaa

B. Yeroo

C. Jecha jijjiirama amalaa

D. Kaayyoo barnootaa

21. Jijjiirama amalaa dhuma barnoota tokkoo irratti eegamu yookin adeemsa keessatti muldhatuudha.
    A. Kaayyoo barnootaa
    B. Qabiyyee barnootaa
    C. Mata duree barnootaa
    D. Iyyafannaa barnootaa
    E. Deebii hin qabu
22. Kanneen armaan gadii keessaa qabiyyee filachuuf barbaachisan kan hin ta'in isa kam?
    A. Dandeetti fi umrii barattootaa
    B. Faayidaa qabeessa ta'uu isaa
    C. Baratamuu kan danda'u ta'uu isaa
    D. Fedhii fi hubannoo barattootaa
23. Kanneen armaan gadii keessa tokko amaloota meeshaalee deeggarsa barnootaatii miti.
    A. Miidhaa kan hin geessifne;
    B. Gatiin isaanii mi'aa ykn kan ol hin kaane ta'uu qaba;
    C. Salphaatti kan hin badne ykn kan salphaatti suphamuu danda'an ta'uu qaba.
    D. Kaayyoo hojatamaniif galmaan ga'u kan danda'an;
    E. Deebii hin qabu
24. Milkaa'ina adeemsa baruu–barsiisuu keessa jiru addaan baasuuf gahe guddaa kan qabuudha.
    A. Jijjiirama amalaa
    B. Kaayyoo barnootaa
    C. Iyyaafannoo barnootaa
    D. Qabiyyee barnootaa
25. Kanneen armaan gadii keessaa tokko kaayyoo Iyyaafannoon barnootaa gaggeeffamuuf miti.
    A. Barattoota kuffisuu ykn dabarsuuf.
    B. Qabiyyee barnoota dhiyaate sirriifi mijaa'aa ta'uu fi dhiisuu addaan baasuuf.
    C. Jijjiirama amalaa barattoota irratti dhufe hubachuuf
    D. Jabeenyaa fi dadhabina jiru adaan baasanii hubachuu fi ciminaan hojjechuf.
    E. Deebii hin qabu
26. Dhimmoota iyyaafannoon oolu kan ta'e isa kam?
    A. Baruu barsiisuuf
    B. Kaawunsiliingiitiif
    C. Bulchiinsaatiif
    D. Hunduu deebiidha

27. Laafinaafi ciminaa sagantaa mana barumsaa irratti murtii bu'a qabeessa ta'e kennuuf iyyafannoon gaggeeffamu iyyafannoo dhimma kamiif oolu jenna?
    A. Dhimma kaawunsiliingiitiif
    B. Dhimma bulchiinsaatiif
    C. Dhimma baruu-barsiisuutiif
    D. Deebiin hin kennamne
28. Kanneen armaan gadii keessaa rakkoolee daree keessatti mul'ataniif sababa ta'u Kan **hin dandenye** isa kam?
    A. Barattoota daree irraa hafan adabuu
    B. Barattoota hirmaachisuu dhabuu
    C. Qophii gahaa gochuu dhabuu
    D. Too'annaa laaffisuu
    E. Hunduu deebiidha
29. Kaayyoo Gooree ilaalchisee kan sirrii **hin** ta'in isa kam?
    A. Maddi isaa kaayyoo gooroodha
    B. Jijjiirama yaadqalbii safara
    C. Hojii barataa kan mul'isuudha
    D. Yeroo dheeraa keessatti kan safaramuu danda'u
30. Akkaataa seerri kutaa itti kabajamu ilaalchisee Kan sirrii ta'e isa kam?
    A. B/saan gahumsa barumsaa qabaachuu
    B. Jaalalaafi kabaja barattoota isaatiif kennuu
    C. Hirmaannaa barattootaa cimsuu
    D. Hunduu deebii dha
31. Gosa taa'umsa daree barnootaa keessaa Sochii barsiisaadhaafis ta'e barattoota too'achuudhaaf mija'aa kan ta'e isa kam?
    A. Taa'umsa tarree
    B. Taa'umsa garee xixinnaa
    C. Taa'umsa bolla kottee fardaa
    D. Taa'umsa geengoo
32. Kanneen armaan gadii keessa faayidaa taa'umsa garee xixxinnaa kan **hin taane** kami?
    A. Barattoota walitti fidun yaada akka wal jijjiiran godha.
    B. Barattoonni akka wal gargaaran godha
    C. Barattoonni aadaa wal gargaaruu akka qabaatan godha.
    D. Barattoonni fuula isaanii gara gabatee garagalanii akka taa'aniif gargaara.

33. Sirni barnootaa tokko yeroo qophaa'u wantoonni ilaalcha keessa galchuu **hin qabne** maal faadha?
    A. Diinagdee biyya sanaa
    B. Umrii fi dandeetti barataa waliin deemuu isaa
    C. Aadaa biyya sanaa
    D. Umrii biyya sanaa
34. Kanneen armaan gadii keessa **silabasii madaaluu** keessatti kan **hin** hammatamne isa kam?
    A. Qabiyyee madaaluu
    B. Mala baru-barsiisuu madaaluu
    C. Meeshaalee baru-barsiisuu madaaluu
    D. Maloota iyyaafannaa madaaluu
    E. Deebii hin qabu
35. Adeemsa hanga raawwi gochaa barattootaa lakkofsaan kaa'uu ykn ibsuu _____jedhama.
    A. Safaruu
    B. Qormaata
    C. Yaalii
    D. Battallee
    E. Deebii hin qabu
36. Kanneen armaan gadii keessaa malleen iyyaafannoo itti adeemsifamuu kan ta'e isa kam?
    A. Shaakala
    B. Gabaasa
    C. Porojeektii
    D. Yaalii
    E. Hunduu deebiidha
37. Madaaluu ilaalchisee dhugaa kan ta'e isa kam?
    A. hunda caalaa yaada rimee bal'aa of keessatti qabata.
    B. Adeemsa sirna qabeessa ta'ee sadarkafiixaan ba'umsa kaayyoo baruu – barsiisuuti
    C. Bu'a qabeessumma saganta barumsa tokko irratti murtee kennuuf tajaajila.
    D. Hunduu Deebiidha
38. Qaama Karooraa armaan gadii keessaa tokko qaama karoora waggaa miti.
    A. Qabiyyee
    B. Kaayyoo
    C. Gocha barsiisaa
    D. Iyyaafannaa
    E. Meeshaalee deeggersaa
39. Qaama iyyaafannoo daree keessaa isa gadii aanaa, baayyee gabaabaa fi al-idilee kan ta'edha.
    A. Yaalii

B. Qormaata
C. Battallee
D. Madaaluu

40. Jijjiirama amalaa dhuma qabiyyee tokkoo irratti argamu addaan baasuudhaaf tooftaalee barsiisaan itti fayyadamuu qabu isa kam?
A. Gaaffii qomaa
B. Qormaata
C. Yaalii
D. Madaaluu

41. Bu'aa taa'uumsii gaarii kan ta'e isa kam?
A. Barattoota rakkoo uumaan addaan baasuuf
B. Barattoota hubama qamaa qaban addaan baasanii gargaruuf
C. Barattoonni barnoota haalan fudhaachuu isaanii addaan baafachuuf
D. Naamusa daree eeguuf
E. Hunduu deebiidha

42. Araada gadhee barataatiin daree keessatti rakkoolee mul'ataniif sababa ta'uu kan danda'u?
A. Barsiisota
B. Barattoota
C. Matii barattootaa
D. Mana barumsaa

43. Rakkoo daree keessatti mul'ataniif sababa ta'uu kan **hin** dandenye isa kam?
A. Hoggansa mana barumsaa
B. Matii barattootaa
C. Barattoota
D. Barsiisota
E. Deebii hin qabu

44. Kanneen armaan gadii keessaa tokko madaallii qajeelcha barsiisaa keessatti hin madaalamu**.**
A. Kaayyoon gooree murtaa'aa ta'uu isaa
B. Kaayyoon gooroo dimshaasha ta'uu isaa,
C. Kaayyoon gooroo fi gooree kitaaba barataa wajjiin wal simuu isaa.
D. Meeshaaleen deeggersaa Wantoota naannoo irraa qophaa'uu danda'uu isaa

45. Qajeelcha barsiisaa keessatti qabiyyeen maaliif madaalama?
A. Salphaa irraa gara cimaatti tarreeffamuu isaa
B. Qabiyyee kitaaba barataa wajjiin wal simuu isaa

C. Umrii, dandeetti fi fedhii barataa wajjiin deemuu isaa.
D. Hunduu deebiidha

46. Kanneen armaan gadii keessaa tokko madaallii kitaaba barataa keessatti **hin** madaalamu.
A. Kaayyoon gooroo yeroo dheeraa keessatti jijjirama argamuu danda'uu mulisuu isaa.
B. Qabiyyeen Umrii fi dandeetti barattoota wajjiin deemu isaa
C. Meeshaalee baruu barsiisuu Qabiyyee filatame wajjiin wal simuu isaa
D. Mala baruu barsiisuu fedhiifi dandeetti barataa irratti hunda'uu isaa

47. Barsiisonni garagaraa **sadi** mana barumsa bultii addaa **Adaamaa kutaa 5ffaa** gosa barnoota muuziqaa waliin barsiisan akka mana barnootichaatti **karoora waggaafi kan guyyaa** meeqa meeqa qabaatu?
A. Kan waggaa sadi fi kan guyyaa tokko
B. Kan waggaa tokko fi kan guyyaa sadi
C. Kan waggaa tokko fi kan guyyaa tokko
D. Kan waggaa sadi fi kan guyyaa sadi

48. Meeshaalee baruu-barsiisuu madaaluu kan **hin** taane isa kam?
A. Salphaafi ifa ta'u
B. Wantoota naannoo irraa qophaa'u danda'an ta'u
C. Qabiyyee barnootaa wajjiin wal simuu
D. Mala baruu-barsiisuu adda addaatti fayyadamu

49. Barattoonni hirmaannaa gochuun sammuu isaanii bashannansiisaa fi gammadaa jijjirama barbaadamu fiduuf malleen baruu-barsiisuu kam fayyadamuu qabna?
A. Mala ibsaan barsiisuu
B. Mala baphaan barsiisuu
C. Mala ajajaan barsiisuu
D. Mala iyyaafannoon barsiisuu

50. Malleen baruu -barsiisuu filachuuf kan **hin barbaachisne** isa kam?
A. Haala qabiyyichaa
B. Dandeettifi umrii barattootaa
C. Haala naannoo barumsii itti kennamuu
D. Toftaalee iyyaafannoo

Deebii Gaafilee TeMu.201

1	B		21	A		41	E
2	C		22	D		42	B
3	C		23	E		43	E
4	D		24	C		44	D
5	A		25	A		45	D
6	C		26	D		46	D

7	C		27	B		47	B
8	D		28	A		48	D
9	B		29	D		49	B
10	C		30	D		50	D
11	C		31	C			
12	A		32	D			
13	D		33	D			
14	B		34	E			
15	D		35	A			
16	A		36	E			
17	D		37	D			
18	D		38	C			
19	D		39	C			
20	B		40	A			